

# Abidda bosonaa, aara abidda bosonaa fi fayyaa kee

Oromo | Afaan Oromoo



## Abidda bosonaa maali?

- Australia keessatti, naannoo bosonni, mukeetiin fi margi baay'een jiran keessatti abiddi akka addaa lamatti ka'uu danda'an.
  1. Abidda kan qabsiisamee fi warreen abidda dhaamsan, warreen dirree ummataa (park ranges), hojetoota bosonaa, ykn namoota abbootii dachee (indigenous people) kan to'atamuu danda'u **abidda karoorsame ykn karoorsamee gubatu** jedhama. Abiddi akkasii yeroo hedduu aramaa, bosona ykn damee mukaa fi baala harca'e bakka itti godhchuun ykn qulqulleessuuf dhimmi itti Bahama. Abiddi karoorsame yeroo hedduu baatii Hagayya (August) hanga Onkololessa (October) fi Bitootessa (March) hanga Ebla (May) taasisama. Yeroo takka takka aara hedduu baasuu danda'u.
  2. Abiddi hin karoorsamin ykn hin to'atamin **abidda bosonaa** jedhamee yaamama. Abiddi akkasii tarii guddaa fi hamaa tahuu mala. Keessattuu guyyoota akka ho'aa fi qilleensawu hariitiidhaan babal'atuu danda'a. Abiddi bosonaa yeroo hedduu baatii Amajjii ykn Guraandhala keessa taha garuu akkasumas baatii Fulbaanaa hanga Caamsaa (April) tahuu danda'a. Abiddi bosonaa yeroo dheeraaf gubuu fi aara hedduus baasuu danda'a.
- **Abiddi bosonaa** qe'ee keetti dhihaatee jira yoo tahe **kun balaa qabaatuu danda'a**.

## Abiddi bosonaaakkamiin akka si miidhu ykn dhukkuba si qabsiisuu danda'u

- Yoo abidchatti dhihoo jiraatte tarii boba'a abiddaan (flames) gubatuu dandeessa. Yoo boba'a abiddaa (flames) irraa fagoo jiraatte illee ho'a isaan gubatuu dandeessa.
- Yeroo abidda bosonaa qaamni kee sababoota sadii irraa baay'ee gubuu danda'a.
  1. Abiddi bosonoaa yeroo hedduu guyyoota ho'aa tahuu danda'a.
  2. Abiddicha irraa ho'i baay'een ka'uu danda'a.
  3. Abiddicha irraa of tiksuum uffata qaama kee guutummaatti huwwisu uffatuu qabda, garuu ammoo kun ho'a waan sitti dabaluuf sitti cimuu danda'a.

# Abidda bosonaa, aara abidda bosonaa fi fayyaa kee

- Yeroo qaamni kee baay'ee ho'u si dhukkubuu danda'a. Kun ho'aan laabba'uu (heat exhaustion) jedhama. Yoo yeroo dheeraaf si irra turee fi dafee qaamni kee hin qabbanaawu tahe, dhahichi ho'aa (heat stroke) si argatuu danda'a. Mallattoon dhahicha ho'aa (heat stroke) mata-dhukkubbii, dadhabbii, gogaan qaamaa ho'uu fi goguu fi akka malee bishaan dheebootuu dha. Kun walaansa fayyaa hatattamaa barbaada.
- Yoo naannoo abidda bosonaa jiraate qilleensi aara abiddaan baay'ee guutee agarta. Kun afuura baasatuu si rakkisa, tarii mata dhukkubbii si qabsiisa. Ija kee si dhukkubsaa aara abiddaa keessaan waa arguu dadhabuu dandeessa. Kana jechuun yeroo qilleennsa keessa aarri abiddaa jiru konkolaataa oofuun balaa qabaata.
- Yoo manneetii fi mukeetiin abidichaan gubatanii naannoo keetti jijjigan miidhaan si irra gahuu danda'a.
- Erga abiddi si bira dabreen boodas tarii miidhamuuf ykn si dhukkubaas mala. Mukeetii fi manneen abiddaan gubatan jijjiguu danda'u. Kuusaan bishaanii (water tanks) miidhamuu danda'u, bishaan keessaa dhuguun tarii fayyaaf gaarii tahuu dhiisuu danda'a. Tarii utubaan humna ifaa ykn mukeetiin handaara karaa irra jiran jijjiganii karaa cufuu malu. Kan afuura nama ukkaamsuu danda'an daaraa (ash) fi awwaarri (dust) qilleensa keessa jiraatuu danda'an.

## Aarri abidaa bosonaa akkamiin akka dhukkuba si qabsiisu

- Abiddicha irraa fagoo yoo jiraatte illee aarri qilleensa keessa jiru dhukkuba si qabsiisuu danda'a. Qufaa ykn mata dhukkubbii ykn ija dhukkubbii si qabu danda'a. Yeroo hedduu, rakkoon akkasii hamma aarichi qilleensa keessa jirutti turee fi sana booda erga aarri qilleensa keessaa qulqullaaween booda dhukkubichi sitti wayyooma.
- Yoo dhukkuba asmaa (asthma), shukkaaraa, ykn kan onnee qabaatte aaricha irraa of tiksuum eegganno dabalaan si barbaachisa. Sababni isaas aarri haala dhukkuba kee sitti hammeessuu danda'a; fakkeenyaaaf dhahicha asmaa (asthma attack) si argatuu danda'a. Yoo ulfa taate ykn dulloomte ykn ijoollie xixiqqoo taate hanga siif danda'ametti aara irraa fagaadhu.

## Abidda bosnonaa fi fayyaa sammuu kee

- Namoota hedduuf abidda bosonaa keessa jiraatuun ykn itti dhihaatuun baay'ee yaaddoo itti taha. Yoom akka tahu waan hin beekneef, abidda bosonaa yoom akka ka'u beekun waan rakkisuuf nageenyi sitti dhagahamuu dhiisuu danda'a. Yoo abiddi bosonaa ka'e maal godhchuun akka qabdu yoo beekte of qopheessita baay'ee hin yaadaan hin muddamtu ykn hin yaaddoftu.
- Erga abiddi bosonaa dabree yeroo dheeraa booda illee tarii qalbiin kee rifatuu, yaadda'u ykn aaruu danda'a. Fakkeenyaaaf guyyaa ho'aa qilleensi baay'een bubbisu, abiddi ammas ni ka'a jedhtee yaaddofta ykn sodaatta taha. TKun beekamaa dha. Abidda bosonaa irraa dandamatuu yeroo dheeraa fudhatuu dana'a, akki itti dandamanna namootaas adda adda tahuu danda'a.
- Waraqaan odeessaa 'Yeroo abidda bosonaa maal godhu?' kan jedhu kun waa'e abidda bosonaaaf akkamiin akka of qopheessituu fi yoo abidda keessa

jiraatte ykn itti dhihoo jiraatte maal akka godhtu Odeeffannoo caalu siif kenna. Yoo abiddi bosonaa si miidhe gargaarsaaf eessa deemuu akka qabdu sitti hima.

